

Qajeelfama Lakk. 3/2015

Qajeelfama Dambii Buusaa Gonofaa Naannoo Oromiyaa 235/2015 raawwachiisuuf qophaa'e.

Sadaasa 8/2015

Finfinee

Seensa

Aadaafi duudhaa wal gargaarsaa uummatni Oromoo Sirna Gadaatiin dhalootaa dhalootatti dabarsaa dhufe caalmaatti cimsuufi dagaagsuun fedhiifi kaka'umsa uummatni naannichaa rakkoolee uumamaafi nam-tolchee turan furuuf waggoottan darban keessatti agarsiisaa ture daran cimsuuf gurmaa'insaafi hojmaata isaa seeraan utubuun sirna cimaa diriirsuun balaan tasaa miidhaa geessisuu danda'u yeroo gabaabaafi hatattamaan dhaqqabuun karaa hawaasa bal'aa hirmaachiseen lubbuu namaafi badii qabeenya irra gahuu malu baraaruu, damdamachiisuufi deebisanii dhaabuuf Tumsaafi gargaarsi uummatni naannichaa nama rakkoof saaxilame gargaarsa yeroo balaan uumamaafi nam-tolcheen mudatu taasisu iftoomina, hirmaachisaa, haqummaafi gaafatamummaa akka qabaatu taasisuuf Buusaa Gonofaa Oromiyaa labsii 244/2014 tiin mana hojii naannoo Oromiyaa keessaa tokko ta`ee akka ijaaramu kan ta`e yoo ta`u dambii 235/2015 hojiwwan hojjetamuu qaban ifatti tarreeffamanii jiru.

Labsii fi dambii qophaa'e hojii irra oolchuuf Qajeelfama Dambii Buusaa Gonofaa Naannoo Oromiyaa 235/2015 rawwachiisuuf qophaa'e jira.

Qaamni sadarkaa sadarkaan jirus hojii irraa oolmaa qajeelfama kanaatiif tumsa isa irraa barbaachisu bahuu akka qabuufi qabeenya dhimma buusaa Gonofaa tiif maddoota addaa addaa irraa sassabamu seeraan hojii irra akka ooluu fi hawaasa rakkoof saaxilame bira akka gahuu deeggarsa barbaachisaa taasisuu qaba.

Kaayyoo

Kaayyoon qajeelfamni kun qophaa'eef qabeenya akaakuu fi maallaqaan qaamota addaa addaa irraa gumaataa fi buusiin argamu karaa seera bittaa fi Bulchiinsa faayinaansii mootummaa eegee hojii irraa akka ooluu taasisuu fi qisaasama qabeenya Buusaa Gonofaa irra gahu hambisuuf.

Galma

Qabeenyi maddoota addaa addaa irraa milkaa'ina hojii Buusaa Gonofaa tiif sassaabamu galma barbaadameef oolee rakkoo nam tolchee fi uumamaa hawaasa keenya mudatuuf furmaata kenname.

Kutaa Tokkoffaa Tumaalee Waliigalaa

2. Mata duree Gabaabaa

Qajeelfamni kun Qajeelfama Buusaa Gonofaa Naannoo Oromiyaa Lakk 3/2015 jedhamee waamamuu ni danda'a.

Qajeelfamni kun kan bahe Dambii Sirna Buusaa Gonofaa Naannoo Oromiyaa, Lakkoofsa 235/2015 keewwata 33 irratti hundaa'eeti.

3. Hiika

Akkaataan galumsa jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, qajeelfama kana keessatti:-

Hiikni Labsii fi Dambii Sirna Buusaa Gonofaa naannoo Oromiyaa Lakk 244/2014 fi 235/2015 tiin taa'e qajeelfama kanaafis hojii irra kan oolu ta'a.

(a) **Qabeenya akaakuu**:- jechuun nyaata adda addaa, midhaan garaa garaa, da'oo, uffata garaa garaa, meeshaalee manaa, ,manneen kuusaa. Konkolaattotaa fi kanneen biroo jechuu dha.

(b) **Qaama Balaan irra gahe**:- jechuun koree gaaddisaa naannoo hanga gandaatti ijaaramee balaa naannicha keessatti uumamu qorannoo garee teeknikaatiin geggeeffamee dhiyaatu irratti hundaa'uun haala balaa fi miidhaa inni qaqqabsiise mirkaneessee deebii hatattamaa akka argatu taasisuu jechuu dha.

(c) **Gumii Barattootaa**:- jechuun manneen barnootaa Keessatti barattoota ijaaramanii dhimmi sirna Buusaa Gonofaa Oromiyaa irratti hojii tola ooltummaa hojjatani.

(d) **Intarpiraayizii maayikiroo fi xixiqqaa (IMX):-** jechuun Namoota fedhii isaaniitiin gurmaa'anii hojiiwwan daldalaa, "Manufacturing", hojii ijaarsaa, qonnaa fi kKF… irratti bobba'anii waliin hojjatan jechuudha.

(e) **Intarpirayizii Mayikiroo:-** jechuun Qabeenya waliigala Qarshii 100,000 kan hin caalle kan qabanidha.

(f) **Intarpirayizii Xixiqaa:-** jechuun qabeenya walii gala qarshii 100,001 – 1,500,000 hin caalle kan qabanidha.

(g) **Dhiyyeessii qabeenya sagantaa nyaata barattootaa:-** jechuun qabeenya/Qarshii nyaatni barattootaa tiif sassaabamu jechuudha.

(h) **Miseensa Barattootaa:-** jechuun barattoota Umuriin isaanii waggaa sagalii fi isaa ol ta'an miseensa Buusaa Gonofaa ta'an jechuudha.

(i) **Mana kuusaa**:- Jechuun mana/Dunkaana qabeenyi Gumaata Buusaa Gonofaaf Dhiyeesii nyaata baratootaa keesstti kuufamu jechuudha.

4. Barbaachisummaa Qajeelfamichaa

Qajeelfamni kun Dambii Sirna Buusaa gonofaa Oromiyaa murteessuuf ba'e Lakk. 235/2015 hojii irra oolchuuf tarreeffama isaa qajeelfamaan baasuun barbaachisaa ta'ee waan argameef,

5. Caaseffama

Akkaataa Labsii 244/2014 fi Dambii lakk. 235/2015 bahee hojii irra ooletti Gaaddisa Buusaa Gonofaa sadarkaa naannoo, godinaa, magaalotaa fi aanaaleetti kan hundeeffamee yoo ta'u, Sadrkaa gandaatti bulchaa gandaa, Manaajara Gandaa, Hojjataa misoomaa, Daarektara mana barumsaa, exteenshinii fayyaa, Dubartoota keessaa nama lamaa, jaarsolii biyyaa keessaa nama lamaa fi yaa'ii waliigalaa tiin namootni filataman lama Gaaddisa Buusaa Gonofaa gandaa ta'u.

6. Daangaa Raawwatinsa Qajeelfamichaa

Qajeelfamni kun gurmaa'insaa fi hojiiwwan Buusaa Gonofaa kam iyyuu irratti kan raawwatu ta'a.

Kutaa Lammaaffaa

Haala Ijaarsa Miseensa Buusaa Gonofaa fi Beekamtii Kennuu

7. Haala Ijaarsa Miseensa Buusaa Gonofaa

Dambii 235/2015 keewwata 20 (1) jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee,

1) Buusaa Gonoofaa Oromiyaa manneen hojii fi dhaabbilee misooma mootummaa naannicha keessa jiran hojjettootni isaanii ijaaramuun waliitti qabaa, itti aanaa waliitti qabaafi barreessaa akka filatan taasisuun hojiin Buusaa Gonofaa akka lafa qabatu kan taasisu ta'a.

2) Lammiileen jiraattotni magaalaa fi baadiyyaa naannoo keenyaan ala jiraatan kamiyyuu miseensa Buusaa Gonofaa ta'uu kan danda'an yoo ta'u, haalli ijaarsa isaanii akkaataa qajeelfama kana keewwata 7 keewwata xiqqaa 1 irratti ibsameen ta'a,

3) Hooggantootaa fi hojjattoota manneen hojii sadarkaa federaalaa fi magaalota sadarkaa federaalaa akkasumas Dhaabbilee misooma mootummaa adda addaa sadarkaa federaalaa fi naannolee biroo fedhii isaaniin miseensa Buusaa Gonofaa ta'uu ni danda'u. Hojjattoota miseensa Buusaa Gonofaa ta'an keessaa bakka bu'aa Buusaa Gonofaa filachuun hojii buusaa gonofaa kan hojjatu ta'a.

4) Lammiilee biyya alaa jiraatan gurmaa'insi isaanii karaa bakka bu'oota mootummaatiin ta'ee akka barbaachisummaa isaatti dhimmi Buusaa Gonofaa tiif nama biraa dhimma kana qindeessuuf fedha qabu mootummaan bakka buusuu ni danda'a.

   (a) Walitti qabaa, I/A/walitti qabaa fi barreessaa ni qabaatu, akka barbaachisummaa isaatti milkaa'ina Buusaa Gonofaa tiif koreewwan adda addaa ni ijaaru.

   (b) Miseensi biyaa alaa jiraatu ji'atti Doolaara 5 fi isaa ol buusi miseensummaa ni kanfala.

   (c) Buusiin miseensummaa fi gumaatni Buusaa Gonofaa biyya alaa kan sassaabamu seera bulchiinsa faayinaansii fi qabeenya biyya keessa jiraatanii tiin ta'a.

5) Miseensa Buusaa Gonofaa hundaaf waraqaan eenyummaa miseensummaa ibsu buusaa Gonofaa Oromiyaa tiin qophaa'ee ni kennama.

8. Beekamtii kennuu

Qaama Gumaachaa taasise ragaa isaanii qindeessuu fi sirna beekamtii kennuu,

1) Sadarkaa 1ffaa pilaatiiniyeemi (qarshii miliyoona shanii fi isaa ol)
2) Sadarkaa 2ffaa warqii (qarshii miliyoona 3,000,000 hanga 4,999,999)
3) Sadarkaa 3ffaa Meetii (qarshii 2,000,000 hanga 2,999,999)
4) Sadarkaa 4ffaa qarshii 1,000,000 irraa hanga 1,999,999 waraqaa raga beekamtii karaa mootummaa naannichaa tiin kan kennamu ta'ee sadarkaan kan ba'u gumaata kenname irratti hundaahuun Buusaa Gonofaa oromiyaatiin kan murtaa'u ta'a.

Kutaa Sadaffaa Madda galii, Bulchiinsaa fi Itti fayyadama Fandii

9. Madda Galii Fandichaa

Maddi galii Fandichaa Bu`uura Labsichaa keewwata 34 Dambii keewwata 27 akka asii gaditti ibsama,

1) Deeggarsa baajata mootummaa

(a) Baajata Mootummaa Naannoo irraa dhimma fandii Buusaa Gonofaa Oromiyaa tiif ramaduu (kanaan duras ramadamaa kan ture),

(b) Baajata Bulchiinsa Magaalotaa irraa fandii Buusaa Gonofaatiif ramadamu,

(c) Baajata Bulchiinsa Aanaalee fi magalota sadarkaa aanaa irraa fandii Buusaa Gonofaatiif ramadamu of eegannoof kan ramadamu ta`a.

2) Buusii Miseenssummaa

(a) Manneen hojii mootummaa kamiyyuu baajata hojii raawachiiftuu ramadamuuf irraa %2 karaa Biiroo Mallaqaa yookiin caasaa isaa sadarkaan jiruun herrega baankii Fandii Buusaa Gonofaa dhimma kanaaf banametti galii kan taasisan ta'a.

(b) Dhaabbilee misooma mootummaa hojii raawwachiiftuu baajata idilee qabamuuf irraa waggaa waggaan %2 muruun herrega baankii Fandii Buusaa Gonofaa dhimma kanaaf banametti galii kan taasisan ta'a.

(c) Mudamtoota manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa sadarkaan jiran yoo ta'e mindaa qulqulluu ji`aan argatan irraa 2% buusu;

(d) Hojjettoota mootummaa, dhaabbata misooma mootummaa, dhaabbata miti-mootummaa yookiin dhaabblee idil-addunyaa yoo ta'e, mindaa qulqulluu ji'aan argatan irraa 1 % buusu.

(e) Mudamtootaa fi Hojjattoota mootummaa sadarkaa manneen hojii federaala keessa jiran fedhiidhaan miseensa buusaa gonofaa ta'uu barbaadan karaa bakka bu'aa (focal person) gaaddisini Buusaa Gonofaa bakka buusuun kan raawwatu ta'ee, hangi buusii akkaataa dandbii 235/2015 keewwata 18 keewwata xiqqaa 1 fi 2 tiin mindaa qulqulluu irraa %2 fi %1 ta'a.

(f) Hojjattootni dhaabbilee idil Addunyaa, mit mootummaa fi dhuunfaa biyyattii keessatti argaman kamiyyuu fedhiidhaan miseensa Buusaa Gonofaa ta'uu yoo barbaadan qindeessummaa Buusaa Gonofaa oromiyaatiin ta'ee, hanga buusii dambiin 235/2015 keewwata 18 keewwata xiqqaa 2 tiin mindaa qulqulluu ji`aan argatan irraa %1 ta'a.

(g) Qoteebulaa /Horsiisee bulaa

Qonnaan bulaa/ horsiisee bulaa adda-duroota ji'atti qarshii 25; Qonnaan

bulaa/ horsiisee bulaa giddu galeessaa ji'atti qarshii 15;

Qonnaan bulaa /horsiisee bulaa harka qalleeyyii ji'atti qarshii 10 ta'a.

(h) Daldalaa kaffalaa gibiraa sadarkaa sadarkaan jiran ji`a ji`aan

Kaffalaa gibiraa sadarkaa "A" qarshii 200;

Kaffalaa gibraa sadarkaa "B'' qarshii 100;

Kaffalaa gibiraa sadarkaa “C” qarshii 50 kan buusu ta’a.

(i) Jiraataa magaalaa hojjetaa mootummaa, IMX fi daldalaa hin taane, ji’atti qarshii 10 kan kaffalu ta’a.

(j) **Miseensotni Intarpirayzii Microo Xixiqqaa akkaataa kaappitaala isaaniitiin akka armaan gadiitti buusii kan kaffalan ta`**a.

Interpraayizii maayikiroo buusii ji`aan qarshii 25

Interpiraayizii xixiqqaa buusii ji`aan qrshii 50

Interpiraayiziin sadarkaa olaanaatti cee`an akkaataa sadarkaa kaffaltii gibiraa dambii kewwata 18 kwwata xiqqaa 4n kan kaffalan ta`a.

(k) Miseensa Barataa Umuriin isaa waggaa 9 fi isaa ol ta’e dhaabbilee barnootaa olaanaa mootummaa fi dhuunfaa (Universiitii fi kollejii)keessa jiran ji’atti qarshii 2 waggatti Qarshii 24 yeroo tokkootti kan kanfalamu ta’a.

(l) Miseensa umuriin isaa waggaa 9 fi isaa ol ta’ee barataa, Mindeeffamaa, daldalaa, fi ogeessa hin taane ta’ee baadiyyaa jiraatu Qoteebulaa of danda’e hin ta’iin darggaggesaa fi dargaggeettii, ji’atti qarshii 2 kan kafalu ta’ee karaa bakka bu’aa gandaatiin kan raawwatu ta’a.

(m)Miseesii biyaa alaa jiraatu ji’atti Doolaara 5 fi isaa ol buusi miseensummaa ni kanfala.

3) Gumaata qaama adda addaa irraa bifa adda addaatiin taasifamu,

Gumaata Dhuunfaan yookiin Gareen, Maallaqaan, Akaakuudhaan, Ogummmaa, Tajaajilaaniifi kanneen biroon Taasifamuu danda’a.

1) **Gosa Gumaata Akaakuu**

(a) Gumaata qabeenya socho’aatiin taasifamu;

1. Beeylada adda addaa;
2. Midhaan gosa adda addaa;
3. Uffata adda addaa,
4. Meshaalee garaa garaa ;
5. Konkolaataa, Mashinoota adda addaa ,mootoraa fi mootora malleeyyii ta'an;
6. Konkolaataa Bottee bishaanii, Bidiruu fi konkolaataa balaa ibidaa dhaamsu.
7. Meeshaalee, maashinoota hojii qonnaa fi horsiisa beeladaatiif gargaaru,
8. Meeshaalee ijaarsaa adda addaa;
9. Meshaalee elektrooniksii adda addaa,
10. Meeshaalee socho'aa gumaataaf akkaataa seeraatiin namaaf kennamuu danda'uufi kanneen biroo,

3.1.2. Gumaatni bifa qabeenya hin sochooneen taasifamu

1. Lafa dhimma adda addaatiif oolu;
2. Mana kusaa, Gamoo, waajiraalee, galma walgahii, sheediwwaaniifi kanneen biroo;
3. Biqiltoota, kuduraalee fi muduraalee, mukkeewwan adda addaa fi kanneen biroo. Tilmaamni isaa gabaa yerootiin qarshiidhaan shallagamee kan galmaa'u ta'a.

3.1.3. Gosa Gumaata Tajaajila Ogummaa fi hojii humnaa tiin Taasifamu

1. Hojii Humnaa bilisaan hojjatamu,
2. Tajaajila geejjibaa,
3. Tajaajila Ogummaa Seeraa,fayyaa, hojii ijaarsaa (construction), instaaleshinii bishaaniif ibsaa, Hojii Dizayenii ijaarsaalee adda addaa, Tajaajila odiitii, tajaajila maxansaalee, beeksisaa fi ogummaalee adda addaa biroo,

4. Tajaajila adda addaa milkaa'ina hojii Buusaa Gonofaatiif dhimmoota gumaachan irratti bilisaan hirmaachuu,

3.1.4 Gumaata Gurmaa'insa Hawaasaatiin Taasifamu

1. Afooshaa;
2. Iddoo jireenyaatiin/ dhalootaan;
3. Diyaaspooraa;
4. Waldaalee hawaasaa adda addaa
5. Waldaalee hojii Gamtaa;
6. Gurmii Kilaboota adda addaa;
7. Dhabbilee hawaasa sivikii;
8. Gurmaa'insa tola ooltummaa adda addaatiif dhaabbatan;
9. Waldaalee Amantaa adda addaa,
10. Gumii amantaa adda addaa,
11. Waldaa Barsiisotaa,
12. Waldaa ogummaa adda addaa,
13. Waldaa abbootii qabeenyaa fi kanneen biroo,

3.1.5 Hojiilee fi madda galii kanneen biroo dhimma kanaaf gumaachuu danda'an irraa argamu;

1. Dhala Baankii Maallaqa Baankii keessatti kuufamee jiru irraa,
2. Sheerii bituun,
3. Baazaarii,
4. Teletonii,
5. Lotorii, fi KKF… irraa,

4) Galii qabeenya dhaabbataa Buusaa Gonofaa tiin walitti qabamu

1. Galii kiraa Gamoowwanii;
2. Galii Kiraa sheediwwani, mana kuusaa, maashinoota, meeshaalee xixiqqaa fi kanneen biroo irraa argamu;
3. Qabeenya Buusaa Gonofaa fi qabeenya naannoo keenyaa tajaajila hin keninee qaama dhimmi ilaaluun murtaa'e kan gurguramu irraa argamu;
4. Gargaarsa karaa Hoggansa sodaa balaa Itiyophiyaatiin argamu;

3.1.6. Gargaarsa, Gumaataa (Kennaa)

1. Gargaarsa, gumaataa (kennaa) biyya alaa irraa argamu karaa bakka bu'oota biyya kenyaa biyyoota alaa adda addaa kessa jiraniin kan qindaa'u ta'a.
2. Manneen hojii Mootummaa fi Dhaabbilee misooma mootummaa sadarkaa federaalaa fi bulchiinsa magaalaa sadarkaa federaalaa, naannolee ollaa fi kan biroo irraa argamu qindessummaa Buusaa Gonofaa sadarkaa naannoo tiin ta'ee kallattii gaaddisa Buusaa Gonofaa Oromiyaa kennuun kan raawwatu ta'a.
3. Gargaarsa, Gumaataa (kennaa) Dhaabbilee mitimootummaa fi tola ooltota biyya keessaa fi alaa irraa argamu,

10. Bulchiinsa Fandichaa

1) Akaataa Labsii keewwata 30 Dambii keewwata 28 fi qajeelfama kanaan Fandiin Buusaa Gonofaa sadarkaa hundatti galmee herregaa guutuufi sirrii ta'e ni qabaata,
2) Nagahewwan adda addaa horataa fi ittifayyadama Fandii tiif qofa oolan beekamtii Biiroo Maallaqa Oromiyaatiin, Buusaa Gonofaa Oromiyaa sadarkaa sadarkaan jiru maxxansiisuun seera faayinaansii eegee hojii irra oola,
3) Akaataa Labsii kewwata 31 fi qajeelfama kanaan bittaan fandii buusaa gonofaatiin raawwatu murtee gaaddisa sadarkaa sadarkaan jiruun, qajeelfama bittaa fi bulchiinsa qabeenya mootummaa hordofuudhaan bittaa hatattamaa gargaarsaaf oolu ni raawwata.

4) Galii fandii Buusaa Gonofaa Sadarkaa Godina/Magaalaa, Aanaa fi Magaalota sadarkaa aanaatti horatamu keessaa bakka horatametti hojii irra ooluu kan danda'u hanga dhibeentaadhaan Dambii 235/2015 keewwata 28 irratti murtaa'e qofaadha.

5) Bu'uura Labsii 244/2014 keewwata 30 keewwata xiqqaa 2 Sochiin herrega Fandii Buusaa Gonofaa yeroo yeroon Mana hojii Odiitara Muummichaatiin/odiitaroota waajjira maallaqaa, godinaa, magaalotaa , aanaa fi Odiitaroota Buusaa Gonofaa Oromiyaa, tiin ni qoratama, gabaasa firii odiitii Gaaddisa sadarkaa sadarkaaan jiruu fi qaama dhimmi ilaalu hundaaf ni dhiyeessa, yaada fooyya'iinsaa fi tarkaanfiilee sirreffamaa raawwtamuu isaa ni hordofa.

6) Akkaataa Dambii kewwata 28, keewwata xiqqaa 1 fi 3 irrratti ibsametti qabenyi hojii fandii Buusaa Gonofaa tiif oolu kan horatamu maallaqaa fi akaakuun ta'ee, nagahee dhimma kanaaf jecha qophaa'een Caasaa Buusaa Gonofaa Oromiyaa sadarkaa sadarkaan jiruu, bakka bu'oota buusaa gonofaa fi qaama caasaan gandaa bakka buuseen kan walitti qabamu ta'a.

7) Galii deeggarsaa qarshiidhaan yookaan akaakuudhaan madda adda addaa irraa qajeelfama kana keessatti keewwata 7 keewwata xiqqaa 1-8 ibsameen Fandiin qarshiidhaan sadarkaa naannoo, godinaalee, Magaalota fi aanaalee, akkasumas sadarkaa gandaatti maddoota armaan olitti tuqaman irraa walitti qabamu herrega baankii gosa "A'' tti galii ta'a.

8) Qabenyi akaakuun sadarkaa Naannoo, Godina, Magaalaa, Aanaa, magaalaa sadarkaa aanaa fi Sadarkaa gandaatti gumaacha fandiitiif walitti qabamu mana kuusaa sadarkaa sanatti jirutti seera bulchiinsa qabeenya mootummaa tiin galii ta'ee, kan turuu hin dandeenye fi yeroon ittifayyadamni isaa irraa darbuuf itti dhiyaate (Expired date) kan ta'u yoo ta'e, murtee gaaddisa sadarkaa sadarkaan jiruun akkataa seera bittaa fi gurgurtaa qabeenya mootummaa tiin hatattamaan gurgurame herrega baankii Fandii Buusaa Gonofaa dhimma kanaaf banametti galii ta'a.

9) Hojiirra oolmaan maallaqaa fi akaakuu Fandichaa sadarkaa Godinaa, Magaalotaa fi Aanaalee to'annoo fi hordoffiin isaa waajjira Maallaqaa sadarkaa godinaa, magaalotaa fi aanaalee jiruun ta'ee kallaattii fi murtee Gaaddisa sadarkaan jiru kennuun Buusaan Gonofaa sadarkaan jiru abbummaan itti ajajaniin seera faayinaansii fi bulchiinsa qabeenyaa naannichaa eegee hojiirra oola.

10) Buusaa Gonofaa Oromiyaa qorannoo fi haala qabatamaa jiru irratti hundaa'uun haala qabeenyi Fandii Godina/Magaala tokko irraa gara Godina/Magaalaa biraatti, yookiin Aanaa tokkoo gara Aanaa birootti hojiirra itti oolu irratti murtee Buusaa Gonofaa Oromiyaa sadarkaa naannoo tiin akka hojiirra oolu ni taasisa.

11) Buusaa Gonofaa Oromiyaa qorannoofi haala qabatamaa jiru irratti hunda'uun Kallattii Mootummaan Naannoo kennu bu'ureeffachuun qabeenya adda addaa gargaarsaan naannoo birootiif kennuu ni danda'a.

11. Itti fayyadama Fandii

1) Fandii Buusaa Gonofaa Sadarkaa Godinaatti hojii irra ooluu kan danda'u:-Balaan humna aanaa fi hawaasa aanaa sanatii ol yoo ta'efi Deeggersi federaalaa fi dhaabbilee adda addaa dafee kan hin qaqqabne yoo ta'e, Midhaan Fandii naannootiin bitamee godinatti kuufame kan hin jirre yoo ta'e, Midhaan gumaataan aanaa sanatti sassabame kan hin jirre yoo ta'e , Maallaqni sadarkaa aanaatti sassaabame dhibbeentaan achitti hafe kan hin jirre yoo ta'e;
2) Akkaataa Labsii 244/2014 keewwata 30 fi 31 keewwata xiqaa 1 Dambii keewwata 28 keewwata xiqqaa 1 irratti ibsametti qabeenyi hojii fandii maallaqaa fi akaakuun horatame kallattii fi murtee Gaaddisni sadarkaa naannoo kaa'uun, nagahee dhimma kanaaf jecha qophaa'een Buusaa Gonofaa sadarkaa sadaarkaan jiruun seera faayinaansii naannichaa eegee hojii irra kan oolu ta'a.
3) Maallaqni baankiitti gale kan socho`uu mallattoo Bulchaa/Kantiibaa,Itti gaafatamaa Buusaa Gonaafaa fi Itti gaafatamaa waajjira maallaqaa/nama bakka bu`een qofaan ta`a.
4) Hojiirra oolmaa maallaqaa fi akaakuun Fandichaa sadarkaa Godinaa, Magaalotaa fi Aanaalee to'annoofi hordoffiin isaa waajjira Maallaqaa sadarkaa sanatti jiruun ta'ee bu'uura Labsi, Dambii fi qajeelfama kanaatiin hojirra kan oolu ta'a.
5) Deeggarsa Baajatni Mootummaa sadarkaa Naannoo irratti Fandii Buusaa Gonofaa Oromiyaatiif ramadamu karoorri isaa Buusaa Gonofaa Oromiyaatiin qophaa'ee murtii Gaaddisa Busaa Gonofaa naannootiin hojii irra kan oolu ta'a.
6) Deeggarsa Baajatni Mootummaa sadarkaa Magaalaa fi Aanaa irraa Buusaa Gonofaa Magaalaa fi Aanichaa cimsuudhaaf manni maree bifa addaatiin ramadu karoorri isaa Buusaa Gonofaa sadarkaa sadarkaan jiruun qophaa'ee murtii Gaaddisa Busaa Gonofaa sadarkaan jiruun hojii irra kan oolu ta'a.

7) Gumaata Buusaa Gonofaa buusii miseenssummaa namootaa fi sekteraa Maallaqa sadarkaa Aanaa, magaalaa giddugaleessaa fi magaalaa guddattuutti madda galii fandii qajeelfama kana keessatti iibsame fi kan biroo irraa argaman keessaa %10 aanaa yookiin magaalaatti hafee hojiirra kan oolu ta'ee, %10 Godinaaf darbee %80 immoo herrega baankii Fandii Buusaa Gonofaa sadarkaa naannootti dhimma kanaaf banametti galii ta'a.
8) Gumaata Buusaa Gonofaa , buusii miseenssummaa, namootaa fi sekteraa Maallaqa Godinaalee, Magaalota sadarkaa muummee fi olaanaa irraa madda galii fandii qajeelfama kana keessatti ibsameefi kan biroo irraa sassaabamu %10 sadarkuma sanatti hojiirra kan oolu ta'ee, %90 herrega baankii Fandii Buusaa Gonofaa sadarkaa naannootti dhimma kanaaf banametti galii ta'a.
9) Gumaatni walitti qabamu Beeyiladaa yoo ta`e, koree Gaaddisni Buusaa Gonofaa Aanaa bakka buusuu fi Gaaddisa Buusaa Gonofaa sadarkaa gandaa tiin gabaa sadarkaa Aanaa fi gidu galeessatti guyyaa gumaatni beeyiladaa taasifame irraa eegalee guyyaa gabaa itti aanuu ykn yoo rakkoo humnaa olii ta`e guyyaa 10 keessatti gurgurame guyyuma gurgurame maallaqni lakkoofsa herrega baankii dhimma kanaaf sadarkaa aanaatti banametti galii ta'a.
10) Gumaata Buusaa Gonofaa akaakuun aanaa, magaalota sadarkaa giddugaleessaa fi guddattuu tiin madda galii fandii qajeelfama kana keessatti ibsameefi kan biroo irraa walitti qabaman mana kuusaa Buusaa Gonofaa Aanaa Magaalichaatti galii ta'uun, %10 sadarkaa aanaa fi Magaalaatti hafee murtii Gaaddiisa sadarkaan jiruun Aanaa fi Magaalaa tiin kan hojii irra oolu yoo ta'u, %5 gara godinaatti ergamee %85 immoo qajeelfama bittaa fi gurgurtaa mootummaa eeggee gurguramee herrega baankii Fandii Buusaa Gonofaa sadarkaa naannootti dhimma kanaaf banametti galii ta'a.
11) Gumaata Buusaa Gonofaa akaakuun kennamu sadarkaa Godinaa, Magaalota sadarkaa muummee fi olaanaa tiin madda galii fandii qajeelfama kana keesatti ibsameefi kan biroo irraa horatame keessaa %10 sadarkuma sanatti hafee murtii Gaaddisa sadarkaan jiruun hojii irra kan oolu ta'ee, %90 herrega baankii Fandii Buusaa Gonofaa sadarkaa naannootti dhimma kanaaf banametti galii ta'a.
12) Qajeelfama kana keewwata 9 keewwata xiqqaa 7 fi 8 akkuma jirutti ta'ee, Qabeenyi madda adda addaa irraa dhimma Fandiif kennamanii tajaajila kennu hin dandeenye murtii Gaaddisa sadarkaan jiru kennuun Qajeelfama dhabamsiisa qabeenya mootumaa

irratti hundaa'uun gurguramee 10% Aanaa,5% Godinaaf hafee %85 lakkoofsa herrega baankii naannootti galii taà.

13) Meeshaalee dhaabbataa akaakuun fandiif gumaachamani, tajaajijila kennaa jiruu fi qooduun kan hin danda'amne yoo ta'e, murtii Buusaa Gonofaa bakka qabeenyichi itti horatamee fi Buusaa gonofaa naannoo Oromiyaa kallattii kennuun iddoo barbaachisaa ta'etti tajaajila akka kennu taasifama.

14) Qabeenyi Fandii sadarkaa Godinaa, Aanaalee yookiin Magaalotaatti walitti qabame keessaa akkaataa keewwata 8 keewwata xiqqaa 8-11 gahen naannoo ergamee kan hafe sababa balaan hin uumamneef kuufamu keessaa %30 murtee Gaaddisa sadarkaa sanatti jiruun hojii misoomaa saaxilamummaa balaa hir'isu jedhanmee qoratamee addaan bahee keessaa kan balaa hirdhisuu qofa irratti xiyyeef fateef (hojii eegumsa biyyee fi bishaanii,bishaan cimmisuu fi kkf.) fi akka oolu taasifamuu danda'a.

15) Keewwata kana (9) keewwata xiqqaa 1-11 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, Buusaa Gonofaa Oromiyaa qorannoo fi haala qabatamaa jiru irratti hunda'uun haala qabeenyi Fandii Godina tokko irraa gara Godina biraatti, magaalaa tokko irraa gara magaalaa biraatti, Aanaa tokkoo gara Aanaa birootti hojii irra itti oolu irratti yaada murtii Gaaddisa sadarkaa sadarkaan jiruuf dhiyeessuun hojiirra akka oolu taasisuu fi Buusaa Gonofaa sadarkaa naannoo yaada murtii kennuun kan raawwatu ta`a.

16) Qajeelfama kana keewwata 8 keewwata xiqqaa 3 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, Buusaa Gonofaa Oromiyaa qorannoofi haala qabatamaa jiru irratti hundaa'uun murtii Gaaddisni sadarkaa Naannoo kennuu bu'uureffachuun qabeenya adda addaa gargaarsaan naannoo birootiif deeggaruu ni danda'a.

17) Balaa uumamaa yookiin nam-tolchee tasa uumameen ajaja hatattamaa mootummaa irraa kennamuun qabeeyni sassaabamu kamiyyuu murtii Buusaa Gonofaa Oromiyaatiin hojii irra kan oolu ta'a.

12. Qaamolee Galii Fandicha Sassaabanii fi Haala Sassabbii Fandii

1) Biiroon Maallaqaa Sadarkaa Naannoo

(a) Bu'ura Labsii keewwata 35 keewwata xiqqaa 3, Danbii Keewwata 28 keewwata xiqqaa 1 fi qajeelfama kanaan Sanadoota addaa addaa hojii bulchiinsaa fi itti fayyadama fandichaaf barbaachisan gaaffii Buusaa Gonofaa sadarkaa sadarkaan jiruun beekamtii Biirichaa tiin maxxanfamee hojii irra akka ooluu, akka to`atamu ni taasisa. Kallattii Waajjira maallaqa sadarkaan jiraniif ni kenna, raawwii isaas ni hordofa.

(b) Deeggersa Baajata mootummaan Naannichaa Fandichaaf ramadu erga baajanni labsamee booda lakkoofsa herrega Baankii Sadarkaa naannoo Fandichaatti galii ni taasisa.

(c) Buuura dambii 235/2015 keewwata 18 keewwata xiqqaa 7 tiin miseensummaa isaaniitiin Baajata hojii raawwachiiftu osoo Godinaaleef hin qoodamin jalqaba bara baajataa akkuma baajatni labsameen %2 muruun herrega baankii fandii buusaa Gonofaa Oromiyaa dhimmi kanaaf banametti galii taasisa.

(d) Buuura dambii 235/2015 keewwata 18 keewwata xiqqaa 7 tiin miseensummaa isaaniitiin Baajata hojii raawwachiiftu magaalaa fi Aanaalee jalqaba bara baajataa irratti baajata seekteraalee magaalaa fi Aanaa irraa akkuma baajatni labsameen %2 muruun herrega baankii fandii buusaa Gonofaa Oromiyaa dhimma kanaaf banametti galii akka taasisan kallatti waajjira maallaqaa sadarkaan jiraniif ni kennaa, raawwatamu isaa ni hordofa.

(e) Hoogganaan Biiroo Maallaqa Oromiyaa kaayyoo buusaa Gonofaa hubachiisuun hojjettotni hundi miseensa akka ta'an ni taasisa, Hojjetaa herregaa hojii raawwachiiftuu manneen hojii sadarkaa naannoo irraa cite herrega baankii buusaa gonofaatti gale fi buusii miseensummaa hojjatoota biirichaa hordofee buusa gonofaa tiif gabaasu ni ramada.

(f) Bu'ura Labsii keewwata 35 keewwata xiqqaa 3, Dambii Keewwata 28 keewwata xiqqaa 13 fi qajeelfama kanaan hojiirra oolmaa maallaqa fandichaa to’anaa fi hordoffii taasiisuun seera faayinaansii eegee akka raawwatu,Waajjirri Maallaqaa Sadarkaan jiru hundi, hojjataa dhaabbii keessaa hojjata herrega Fandii Buusaa Gonofaa abbummaan qabatee hojjatuu akka ramadu ni taasisa.

2) Waajjira Maallaqaa Godinaa/Magaalaa fi Aanaa

(a) Bu'ura Labsii keewwata 35 keewwata xiqqaa 3, Dambii Keewwata 28 keewwata xiqqaa 13

fi qajeelfama kanaan hojiirra oolmaa maallaqa fandichaa to’annoo fi hordoffii taasisuun seera faayinaansii eegee akka hojiirra oolu hojjetaa dhaabbii keessaa hojjetaa herrega Fandii Buusaa Gonofaa abbummaan qabatee hojjatuu ramadee Buusaa Gonofaa sadarkaan jiru ni beeksisa.

(b) Bu'ura Labsii keewwata 35 keewwata xiqqaa 3, Danbii Keewwata 28 keewwata xiqqaa 1 fi qajeelfama kanaan nagaheewwan adda addaa hojii bulchiinsaa fi itti fayyadama fandichaaf barbaachisan gaaffii Buusaa gonofaa sadarkaan jiruutiin ni maxxansiisa,

nagaheewwan karaa buusaa gonofaa Oromiyaa sadarkaa naannotti maxanfamee raabsame hojii irra ni oolcha, ni to'ata, sochii herrega buusaa gonofaa yeroo yeroon odiitii taasisuun qaama dhimmi ilaaluuf ni gaabasa.

(c) Deeggersa baajata mootummaa Magaalaa/Aanaa irraa Fandii Buusaa Gonofaatiif ramadamu akkuma baajatni labsameen lakkoofsa herrega baankii magaalaa/Aanaaf banametti galii taèe balaa Magaala/Aanaa sana keessatti uumamuuf murtee Gaaddisa Buusaa Gonofaa sadarkaa sanatti jiruun qajeelfama faayinaansii eegee hojii irraa oola.

(d) Akkaataa Dambii keewwata 18 keewwata xiqqaa 5 Manneen hojii mootummaa sadarkaa Magaalaa, Aanaa fi magaalota sadarkaa aanaa miseenssummaa isaaniitiin baajata hojii raawachiiftuu ramadamuuf irraa %2 kutuun akkaataa keewwata 9 irra taa'een herrega baankii Fandii Buusaa Gonofaa dhimma kanaaf banametti galii taasisa, Buusaa Gonofaa ni beeksisa.

(e) Akkaataa Dambii keewwata 18 keewwata xiqqaa 1 Buusii miseenssummaa hooggansa irraa %2 fi Hojjetaa Mana Hojii mootummaa sadarkaan jiran mindaa qulqulluu irraa 1% ji'a ji'aan peerolii irraa hir'isuun %10 Aanaan of biratti hambisee %10 godinaaf ergee %80 Buusaa Gonofaa naannoof akkaergamu akkasumas magaalotnii muummee, olaanoo fi Godinni %10 of biratti hambisuun %90 buusaa Gonofaa naannoo Oromiyaa tiif miindaan ji`aa kaffalamee Guyyaa 10 keessatti galii ni taasisa.

(f) Gumaata Buusaa Gonofaa madda adda addaa irraa maallaqa callaatiinis ta'e akaakuun horatamee maallaqa callatti jijjirame, lakkoofsa herrega baankii dhimma kanaaf banametti galee, ragaa baankii dhiyaate hundaaf Hemoo 1.1 (Nagahee galii) ni kenna herregicha galmeessuun buusaa gonofaa sadarkaan jiru ni beeksisa.

(g) Galii Baankii fi Baasii mallaqaa Fandii buusaa gonofaa vawucharoota faayinaansii naannoo tiin ni qopheessa, ni galmeessa qaama dhimmi ilaaluuf ni gabaasa

(h) Kooppii isteetimantii baankii chaapaan mirkaneesse ji'a ji'aan buusaa gonofaa sadarkaan jiruuf ni kenna,

(i) Bu'uura Dambii keewwata 28 keewwata xiqqaa 4-7 qajeelfama kana keewwata 10 kewwata xiqqaa 9-12tiin, Buusaan Gonofa Gumaataan horatame ji'a ji'aan gahee naannoo akka

darbu xalayaan yoo gaafate, maallaqicha dabarsuun buusaa gonofaa sadarkaan jiru ni beeksisa.

(j) Sochii herrega Fandichaa yeroo yeroon odiitii taasisuun firii odiitii qaama dhimmi ilaaluu fi Yaa'ii sadarkaan adeemsifamuf ni dhiyeessa, buusaa gonofaa ni beeksisa.

3) Buusaan Gonofaa Oromiyaa Sadarkaa Naannoo

(a) Nagaheewwan Fandii Buusaa Gonofaa tiif qofa oolu beekkamtii Biiroo Maallaqa Oromiyaatiin Maxxansiisuun godinaaleef magaalaa ofitti fudhatanii seeraa fi qajeelfama nagahee eeguun waajjira maallaqaatti galii gochuudhaan aanaaf akka qaqqabsiisan kallattii ni kaa'a, ni hordofa.

(b) Akkaa barbaachisummaa isaatti buusaan gonofaa sadarkaan jiru beekamtii waajjira maallaqaa sadarkaan jiruun nagaheewwan fandii buusaa gonofaaf qofa olu akka maxxansiifataniifi seeraa fi qajeelfama nagahee tiin qaama fandii horatu hundaaf akka qaqqabu ni deeggara, hordofa.

(c) Horata fandii sadarkaa naannootti horatamuu qabu hunda toftaa adda addaatti fayyadamuun ogeessota sadarkaa naannoo tiin nagahee dhimma kanaaf maxxanfameen sassaabuun herrega baankii Fandii Buusaa Gonofaa gosa "A" dhimma kanaaf banametti galii taasisa.

(d) Dhaabbilee Misooma Mootummaa, Manneen hojii Mootummaa, Godinaalee fi Magaalota karoora isaanii irratti hundaa'uun Fandii horatan haala dambii fi qajelfamaatiin gahee naannoo herrega baankii dhimma kanaaf banametti galchaniif "credit advice" dhiyaatu irratti hundaa'uun nagahee galii maallaqa fandii Buusaa Gonofaa kutuun herregicha galmeessa,

(e) Fandii horatame akkaataa murtee Gaaddisa Sadarkaa Naannoo tiin seera faayinaansii eegee hojii irra ni oolcha, odiitii akka ta'u ni taasisa, gabaasa qaama dhimmi ilaaluu fi Yaa'iif ni dhiyeesa

4) Buusaan Gonofaa Sadarkaa Godinaalee fi Magaalota muummee fi olaanoo

(a) Nagaheewwan Fandii Buusaa Gonofaa beekamtii biiroo maallaqaatiin Buusaan Gonofaa Oromiyaa Maxxansiiseefi ofii maxxansiisan baasii taasisuun seera bulchiinsa

qabeenya mootummaa eegee aanaaleefi magaalota itti waamamni isaanii godinaaf ta'anitti sraan hojjirra ooluu ni hordofa.

(b) Fandii sadarkaa Godinaa/Magaalaatti horatamuu qabu hunda tooftaa adda addaatti fayyadamuun horachuu fi fandiin horatame herrega baankii dhimma kanaaf sadarkaa godinaa/magaalaatti banametti galii ni taasisa.

(c) Mana kuusaa fandiin akaakuun horatamu, hanga gara wiirtuu godinichaaf ramadametti geejibamutti kan keessa taa'u ni qopheessa. Seera qabeessan gurguramee herrega baankii dhimma kanaaf banametti galii akka ta'u ni taasisa.

(d) Aaanaalee fi magaalota itti waamamni isaanii godinaaf ta'e haala karoora isaaniitiin fandii akka horatan deeggarsaa fi hordoffii walirraa hin cinne ni taasisa,

(e) Fandii horatan keessaa akaataa qajeelfamaatiin gahee godinaa herrega baankii fandii godinaatti, gahee naannoo herrega baankii fandii naannootti akka galchan ni taasisa.

(f) Fandii Sadarkaa Godinaa/Magaalaatti horatame keessaa akaataa qajeelfamaatiin gahee naannoo herrega baankii fandii naanootti akka darbu waajjira maallaqaa godinaa/magaalaa xalayaan ni ajaja, raawwii isaa ni hordofa.

(g) Akkaataa qajeelfama kana keewwata 9.1.2.keewwata xiqqaa 6 Sochiin herrega Fandii odiitii ta'uu isaa ni hordofa, naannoof ni gabaasa.

(h) Gabaasa horataa fi bulchiinsa fandii buusaa gonofaa addatti ji'a ji'aan Buusaa Gonofaa Oromiyaatti fi Gaaddisa Sadarkaa godinaa tiif ni dhiyeessa.

5) Buusaa Gonofaa Sadarkaa Aanaa fi Magaalota sadarkaa aanaa

(a) Horata fandii sadarkaa Aanaa fi Magaalaatti horatamuu qabu hunda tooftaa adda addaattin, nagahee dhimma kanaaf maxxanfameen fayyadamuun fandiin horatame herrega baankii dhimma kanaaf banametti galii akka ta'u ni taasisa.

(b) Nagaheewwan Fandii Buusaa gonofaa godina irraa baasii taasisee fi maxxansiise seeraa fi qajeelfama itti fayyadama nagahee eegee qaama sadarkaa aanaatti fandii horatuufi sadarkaa gandaatti nama Gaaddisni Buusaa Gonofaa gandaa bakka buusutti baasii gochuun akka ofiti fuudhu ni taasisa.

(c) Mana kuusaa fandiin akaakuun horatamu, hanga gara wiirtuutti geejibamutti kan keessa taa'u ni qopheessa.

(d) Gandoota qotee bulaa/Horsiisee bulaa fi gandoota magaalaa haala karoora isaaniitiin fandii akka horatan mana kuusaa akka qabaatani deeggersa walirraa hincinne ni taasisa.

(e) Gandootni Fandii horatan baankii dhimma kanaaf sadarkaa aanaatti banametti galchuun Hemoo 1.1 (Nagahee galii) waajjira maallaqaa sadarkaa aanaa irraa akka fudhatan ni taasisa.

(f) Gandootni Paadii nagahee galii maallaqaa ittiin sassaaban Hemoo 1.1 (Nagahee galii) waliin walqabsiisuun waajjira maallaqaa aanaa fi magaalaatti deebisuun herrega of irraa akka buusan ni taasisa.

(g) Horata Fandii akaakuudhaan sadarkaa gandaatti horatamu qaamaan argamuun nagahee galii meeshaa buusaa gonofaatiin ofitti fudhata,

(h) Fandii akka aanaa/magaalaatti horatame haala qajeelfamaatiin gaheen naannoo fi godinaa akka darbu xalayaadhaan waajjira maallaqaa aanaa ni beeksisa, raawwii isaa ni hordofa, godinaaf ni gabaasa.

(i) Akkaataa qajeelfama kan keewwata 9.1.2.keewwata xiqqaa 6 Sochiin herrega Fandii odiitii ta'uu isaa hordofuun qaama marii yaa'ii gandaa ni taasisa, godinaaf ni gaabasa.

(j) Gabaasa ji'a ji'aan godinaaf Gaaddisa sadarkaa aanaa tiif ni dhiyeesa.

6) Sadarkaa Gandaattii

(a) Mana kuusaa qabeenyi itti kuufamu ni qopheessa.

(b) Namnni Gandoota baadiyya fi magaalaa irraa fandii buusaa gonofaa walitti qabu gaaddisa Buusaa Gonofaa sadarkaa gandaa tiin bakka bu'uun ta'a.

(c) Namni ganda irraa bakka bu'e xalayaa bakka bu'insaa isaa waajjira maallaqaa tiif dhiyeessuun Nagahee Fandii Buusaa Gonofaa waajjira maallaqa Aanaa/magaalaa irraa seeraa fi qajeelfama nagaheetiin ofitti fudhateen fandii jiraattota gandaachaa irraa ni sassaaba.

(d) Qaamni Fandichaa gandoota baadiyyaa/magalaa irraa sassaabee Buusaa Gonofaa aanaa tiif guyyaa guyyaan gabaasa ni dhiyyeessa.

(e) Qaamni maallaqa Fandichaa walitti qabu maallaqni baankiitti galuu kan qabu guyaa guyyaan yoo ta`u rakkoo humnaa olii yoo ta`e torban tokko kessatti lakkoofsa herrega baankii Fandichaaf sadarkaa aanaa/magaalaa sadarkaa aanaatti banametti galii ni taasisa.

(f) Fandii horatame herrega baankii dhimma kanaaf sadarkaa aanaa banametti galchuun nagahee baankii waajjira maallaqaatiif dhiyeesuun Hemoo 1,1 (Nagahee galii)

fudhatee paadii nagahee galii maallaqaa ittiin sassaabe waliin waajjira maallaqaa aanaatti deebisee herrega of irraa buusa.

(g) Gumaata akaakuudhaan sadarkaa gandaatti walitti qabamu qaamni sadarkaa gandaatti gaaddisaa Buusaa Gonofaa gandaatiin bakka bu`e nagahee galii qabeenya itti muruun galii ni taasisa.

7) Manneen hojii Mootummaa sadarkaa naannoo

(a) Bu`uura dambii 235/2015 keewwata 20(1) fi 31 tiin Ittigaafatamaan sektarichaa/Dhaabbatichaa kaayyoo buusaa Gonofaa hubachiisuun hojjettotni hundi miseensa akka ta'an ni taasisa. Hojjataa dhaabbii keessaa bakka bu'aa Buusaa Gonofaa ramaduun xalayaadhaan buusaa gonofaa beeksisa

(b) Nagahee glii maallaqaa fandii Buusaa Gonofaa miseensota mana hojichaatiif buusii kanfalaniif kennamu seeraa fi qajeelfama nagahee eegee Buusaa gonofaa oromiyaa irraa ofitti fuudhuun misensotaaf ni kenna.

(c) Akkaataa Dambii keewwata 18 keewwata xiqqaa 1 buusii miseensummaa hooggantoota miindaa qulqulluu irraa %2 fi Hojjetaa mana hojichaa,mindaa qulqulluu irraa 1% ji'a ji'aan peerolii irraa hirdhisuun herrega baankii Buusaa Gonofaa sadarkaa naannootti galii ni taasisa,

(d) Buusiin miseensaa herrega baankii tti galuu isaa kan mirkaneessu ragaa baankii (Debit/credit advise) fi nagaheee miseeensotaaf kenname kopii 2ffaa waliin qabsiisuun Buusaa Gonofaa naannoo irraa nagahee galii fudhachuun herrega of irraa buusa.

(e) Paadii nagaee galii itti hojjate seera nagahee eegee buusaa gonofaatti deebisa.

(f) Hojii buusaa gonofaa milkeessuuf hojjatamu hundaa gahee iraa eegamu ni ba'a.

8) Dhaabbilee Misooma Mootumma

(a) Bu'ura Dambii 235/2015 keewwata 18 keewwata xiqqaa 7 tiin baajata hojii adeemsiftuu waggaa waggaan %2 muruun herrega baankii fandii buusaa gonofaa dhimma kanaaf banametti galii ni taasisa.

(b) Bu`uura dambii 235/2015 keewwata 20(1) fi 31 tiin Hoogganaan Dhaabbatichaa sadarkaan jiran kaayyoo buusaa Gonofaa hubachiisuun hojjettootni hundi miseensa Buusaa Gonofaa

akka ta'an ni taasisa. Hojjataa dhaabbii keessaa bakka bu'aa Buusaa Gonofaa ramaduun xalayaadhaan buusaa gonofaa ni beeksisa.

(c) Nagahee glii maallaqaa fandii Buusaa Gonofaa miseensota mana hojichaatiif buusii kaffalaniif kennamu seeraa fi qajeelfama nagahee eegee Buusaa Gonofaa oromiyaa iraa ofitti fuudha.

(d) Akkaataa Dambii keewwata 18 keewwata xiqqaa 1 Buusii miseensummaa hooggansa irraa %2 fi Hojjetaa mana hojichaa, mindaa qulqulluu irraa 1% ji'a ji'aan peerolii irraa hirdhisuun herrega baankii Buusaa gGonofaa sadarkaa naannootti galii ni taasisa,

(e) Buusiin miseensaa herrega baankii tti galuu isaa kan mirkaneessu ragaa baankii (Debit/credit advise) fi nagahee miseeensotaaf kenname kopii 2ffaa waliin qabsiisuun Buusaa Gonofaa naannoo irraa nagahee galii fudhachuun herrega of irraa buusa.

(f) Paadii nagahee galii itti hojjete seera nagahee eegee Buusaa Gonofaa tti deebisa.

(g) Hojii Buusaa Gonofaa milkeessuuf hojjatamu hunda gahee iraa eegamu ni ba'a.

13. Tajaajila Fandichaan kennaman

Balaa tasaa uumamuuf filannoo biraatiin deeggaruun kan hin danda'amne yoo ta'e tajaajila armaan gadiitti fayyadamuun ni danda'ama:-

1) Deeggrsa Sanyii Battalaa (Emergency seed)
2) Midhaan nyaataa, Bishaan,
3) Nyaata dabalataa,
4) Akka barbaachisummaa isaatti Zayita nyaataa fi Dheedhii,Uffata adda addaa,
5) Plaastik shitii fi Dunkaana,
6) Meeshaalee ijaarsa manaa, namoota balaa tasaatiin miidhamaniifi qe'eef qabeenya isaanii irra buqa'aniif kan oolu,kan akka qorqoorroo,mismaara,mukaa fi kanneen biroo,
7) Meeshaalee manaa kan akka Jarkaanii, saahinaa, Kubbaayyaa, meeshaalee qonnaa xixiqqaa fi kanneen biroo ta'a,

8) Hojii Sababoota balaaf ka'umsa ta'an hir'isuu irratti hojjetaman deeggaruu ta'a. (hojii eegumsa biyyee fi bishaanii,bishaan cimmisuu fi kkf) akka oolu taasifamuu danda'a.

14. Qabeenya Fandichaan Horatamu

Qabeenyi horatamu qabeenya hinsochoone, qabeenya socho'u, maallaqa, midhaan nyaataa, beelada, uffata adda addaa, meeshaalee manaa fi qonnaa, mana kuusaa, gamoowwan, meeshaalee ijaarsaa fi da'oof oolanii fi kanneen biroo dha.

15. Geejibsiisuu Qabeenyichaa

1) Baasiin qabeenyaa/midhaan gargaarsaa fandii Buusaa Gonofaa geejibsiisuuf barbaachisu baajata biroo irraa akka itti fayyadaman ta'e, Baajata Fandii Buusaa Gonofaa hanga % dhaan sadarkaa sanatti hafe irraa ta`ee dhimma kanaaf fayyadamuuf beekamtii Buusaa Gonofaa sadarkaan jiruun ta'uu qaba.
2) Kanfaltiin gatii geejibaa kan shallagamu gatii geejibaa Kiilo Metiraan Biiroon Geejibaa Oromiyaa baaseen, haala qabatamaa jiruun geejibdoota dorgomsiisuun seera faayinaansii eegee ta'uu qaba.
3) Sadarkaa ganda irraa gara aanaalee fi Magaalotaatti kan geejibamu beekamtii Buusaa Gonofaa Aanaa/Magaalaa tiin ta'ee murtee Gaadisa sadarkaan jiruun ta'a.

15. Itti Fufinsa Fandichaa

Qaamoleen guddina fandicha keessatti gumaachan hundi fandichi itti fufiinsa akka qabaatuuf hojiilee armaan gadii ni raawwatu:-

1) Horata fandichaa ilaalchisee qaama dhimmi ilaalu waliin qindaa'uun itti fufinsaan ni hojjetama,

2) Kaayyoo fi shoora fandichi taphatu irratti qaamolee adda addaa tiif hubannoo gaahaa uumuun hirmaannaan isaanii akka cimu ni taasifama,

3) Lammiilee biyya keessaa fi biyya alaa jiran waliin hojjechuudhaan horata fandichaaf akka gumaachan ni taasifama,

4) Hojimaata raawwii, iftoominaa fi itti gaafatamummaa qabu diriirsuun qooda fudhattoota biratti amantaan fandicha irratti akka uumamu ni hojjetama,

5) Qooda fudhattootaa fi arjoomtota fandichaaf gumaachaniif beekamtii kennuun itti fufinsaan akka deeggaran ni hojetama,

6) Dhaabbilee dhuunfaa fi miti Mootummaa mariisisuudhaan walitti fufinsaan akka deeggaran ni taasifama,

7) Dhaabbilee amantii waliin hojjechuun karaa adda addaa fandichaaf akka gumaachan ni taasifama,

8) Proppozaala garaa garaa qopheessuudhaan qaama adda addaaf dhiyeessuun fandichaaf akka gumaachan taasisuu,

9) Hojiilee galii argamsiisan adda addaa seera irratti hundaa'uudhaan ni hojjatama,

10) Qabeenyi fandichaan horatamu kaayyoo fandichi dhaabbateef qofaaf Oolchuudhaan amantaan qooda fudhattootaa akka cimu ni taasifama,

11) Sochii hojii fandichaa fi bu'aalee argaman miidiyaalee adda addaatti fayyadamuun hawaasni hubannoo argatee hirmaannaan isaa akka cimu taasisuu,

12) Gabaasa raawwii hojii fandichaa ji'aan, kurmaanaa fi waggaan qaama dhimmi ilaaluuf dhiyeessuun hubannoo fi iftoominni akka uumamu ni ta'a,

16. Wiirtuulee Mana Kuusaa Fandichaa

Qabeenyi akaakuun horatamu mana kuusaalee godinaalee, aanaalee fi magaalotaa akka giddu galeessaatti filataman keessatti kan walitti qabamu ta'ee:-

1) Mana kuusa Magaala Finfinnee:- Kennaa naannolee biroo, biyya alaa fi abbootii qabeenyaa magaalaa finfinnee fi kan biroo,

2) Mana kuusaa magaala Adaamaa Godinaalee:- Arsii, Harargee Bahaa, Harargee Lixaa, Shawaa Bahaa, Magaalota Bishooftu,Adaamaa, Moojoo, Galaan fi Dukam tajaajilaaa,

3) Magaala Baatuu Godinaalee:- Arsii Lixaa, Baalee, Baalee Bahaa, Booranaa, Gujii,Gujii Lixaa, magaalota Shaashamannee fi Asallaa tajaajila,

4) Mana kuusaa magaala Muka Xurrii Godinaalee:- Shawaa Kaabaa, Shawaa Lixaa, Shawaa Kibba Lixaa,GAONF,magaalota Sabbataa,Buraayyuu,Laga xaafoo Laga Daadhii fi Sulultaa tajaajila,

5) Mana kuusaa magaala Naqamtee Godinaalee:- Wallagga Bahaa, Wallagga Lixaa, Horroo Guduruu Wallaggaa, Qellam Wallaggaa, Iluu Abbaa Booraa, Buunoo Baddallee fi Jimma,magaalota Jimmaa fi Naqamtee tajaajila,

6) Armaan olitti kan eerame akkuma jirutti ta'ee Magaalootaa fi Aanaaleen hundi mana kuusaa ni qabaatu

7) Armaan olitti kan eerame akkuma jirutti ta'ee akka barbaachisaa ta'etti wiirtuu mana kuusaa midhaan baay'inaan jiru irraa gara godina, magaalotaa fi aanaalee wiirtuu mana kuusaa sana jalatti hin ramadamneetti geessuun ni danda'ama.

8) Buusaa Gonofaa Oromiyaa Damee Godinaalee, magaalota, aanaalee fi akka barbaachisummaa isaatti sadarkaa gandaatti mana kuusaa qabaachuu qaba.

Kutaa sadaffaa

Aangoo fi Gahee Hojii Buusaa Gonofaa Oromiyaa

17. Aangoo fi Hojii Buusaa Gonofaa Oromiyaa

Buusaa Gonofaa Oromiyaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Imaammata, tarsiimoowwan, sagantaalee, seerotaafi karoora dagaagina Buusaa Gonofaa ni qopheessa, qaama ilaaluun yemmuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;

2) Naannicha keessatti aadaan walgargaarsaafi sirna Buusaa Gonofaa lafa akka qabatu ni hojjeta; ni qindeessa;

3) Imaammata, tarsiimoowwan, sagantaaleefi karoora misooma mootummaafi dhaabbilee dhuunfaa bahan keessatti dagaaginni sirna Buusaa Gonofaa hammatamuu isaa ni mirkaneessa; raawwii isaa ni hordofa; sirna barnootaa keessatti akka hammatamu ni hojjeta; akkaataa barbaachisummaa isaatti deeggarsa ni kenna;

4) Aadaafi duudhaan walgargaarsaa, aadaan hojiifi qusannaa akka dagaagu ni hojjeta; hubannoo ni uuma; ni qindeessa;

5) Yaa'iin Buusaa Gonofaa sadarkaa sadarkaan akka hundeeffamu haala ni mijeessa; yeroo eeggatee akka gaggeeffamu ni deeggara;

6) Gumiiwwan walgargaarsaa adda addaa iddoo adda addaatti ni hundeessa; ni hordofa; ni deeggara;

7) Dhaabbilee miti mootummaa naannicha keessatti hojii gargaarsaafi wabii nyaataa irratti bobba'an ni qindeessa; ni hordofa; ni deeggara;

8) Dhaabbilee miti mootummaa yookiin dhaabbilee hawaasa siivilii naannicha keessatti bobba'an hojiiwwan gargaarsaafi wabii nyaataa irratti akka hirmaatan ni qindeessa; ni hordofa; ni deeggara;

9) Dhaabbilee gargaarsa kennuurratti bobba'aniifi qaamolee dhimmi ilaalu waliin waltajjii marii ni qopheessa;

10) Hojii gargaarsaa gama sagantaa wabii nyaataatiin dhufu ni hooggana; ni qindeessa; ni raabsa;

11) Namoota yookiin qaamolee gumaataan fakkeenyummaa gaarii qaban akka beekamtiif badhaasni kennamuuf hojmaata ni diriirsa; yoo hayyamamu hojiirra ni oolcha;

12) Bu'uura imaammataafi tarsiimoo baheen hooggansi sodaa balaa hojiirra ooluu isaa ni hordofa; raawwii isaas yeroo yeroon Gaaddisa Buusaa Gonofaatiif ni dhiyeessa;

13) Balaa uumamaafi nam-tolchee yookiin weerara dhibeetin kutaa hawaasaa saaxilaman tumsa hawaasaatiin akka gargaarsa hatattamaa argatan ni taasisa; ni hooggana; ni qindeessa;

14) Sagantaalee sodaa balaa hir'isan, miidhaa dhaqqabeef deebii kennuufi miidhamtoota deebisanii dhaabuu ni qindeessa; ni hordofa; ni gamaaggama;

15) Fandii Buusaa Gonofaa Labsii kanaan hundeeffame murtii Gaaddisa Buusaa Gonofaatiin kennamu hojiirra ni oolcha; ni bulcha;

16) Hojii qophii pirofaayilii saaxilamummaa balaafi akkaataa barbaachisaa ta'etti pirofaayilicha irradeebiin haaromsuu qaama ilaallatu waliin ni gageessaa; ni qindeessa; sirna akeekkachiisa duraa ni diriirsa; hojiiraa ni oolcha; hojiirraa akka oolu ni taasisa; haala wayitaawaafi itti fufiinsa qabuun qaama dhimmi ilaallatuu waliin odeeffannoo wal ni jijjiira;

17) Balaan duraa, yeroo balaafi balaan booda qorannoofi gamaaggama sadarkaa hundatti gaggeeffamuu ni hooggana; ni qindeessa;

18) Sadarkaa naannootti giddugaleessa qindeessaa hojii akeekkachiisa duraafi deebii teeknolojii ammayyaatiin akka deeggaramu ni taasisa; ni gaggeessa; ni bulcha; akkaataa barbaachisummaa isaatti giddugaleessonni walfakkaatan sadarkaa Godinaalee, Magaalotaafi Aanaaleetti akka hundeeffaman deeggarsa ni taasisa;

19) Kennaa yookiin gumaata yookiin deeggarsa maqaa Buusaa Gonofaatiin biyya keessaafi biyya alaatii argamu ni galmeessa; ni bulcha; qaama deeggarsi barbaachisuuf akka dhaqqabu ni taasiisa;

20) Qorannoo sabsii duraa, sabsii boodaa sirna nyaataa gaggeeffamu qindeessuun qaama dhimmi ilaaluun yammuu mirkanaa'u deeggarsi akka dhaqqabu ni taasisa;

21) Hojii isaa ilaalchisee qorannoofi qo'annoo ni gaggeessa; bu'aa isaa hojiirra ni oolcha;

22) Hojii isaa ilaalchisee ragaa walitti ni qaba; ni gurmeessa; qaama dhimmi ilaaluuf ni dabarsa

23) Hojjettoota barbaachisaa ta'an ni qacara; ni ramada; hojiirraa ni gaggeessa;

24) Hojiiwwan galii maddisiisan irratti ittifufiinsaan ni hojjeta; ni hirmaata;

25) Qabeenya ni horata; ni bulcha; bu'uura seeraatiin qaama sadaffaa waliin waliigaltee ni seena; ni himata; ni himatama;

26) Hojiiwwan biroo kaayyoo hundeeffameef galmaan gahuuf gargaaran ni raawwata.

27) Hojii dabalataa qabeenya nyaata manneen barnootaa sadarkaa hundatti walitti qabuu.

28) Buusaa Gonofaa Oromiyaa tiif Aangoofi gaheen hojii labsii lakkoofsa 244/2014tiin kennamee akkuma jirutti ta'ee, dhimma sagantaa nyaata manneen barnootaatiin walqabatee hojiiwwan armaan gadii kan raawwatu ta'a.

(a) Guyyaa qajeelfamni kun bahe irraa eegalee lakkofsi herrega baankii fandii Buusaa Gonofaa fi sagantaa nyaata barattootaa addaan bahee kan banamu yoo ta`u itti fayyadamni isaas sagantaa banameef qofa ta`a.

(b) Hawaasa hirmaachisuun qabeenya akaaku fi maallaqaan, midhaan addaa addaa fi maallaqa walitti ni qaba,seeraa faayinaansi mootummaa eegee hojii irraa akka ooluu ni taasisa kunis:-

(c) Mana kuusaa midhaan nyaata barattoota itti kuufamu qaama dhimmi ilaaluu waliin taùun ni qopheessa.

(d) Midhaan sassaabame modela 19 Buusaa Gonofaa sadarkaa sadarkaan jirutti galii akka taù ni taasisa.

(e) Midhaan galii taè murtee koree nyaata barataa sadarkaa sadarkaan jiruun murteessuun modela 22 Nama Waajjira barnootaa/manni barumsicha/ sadarkaa sadarkaan jiruun bakka buuseen bahii akka taù ni taasisa, hojii irra oolmaa isaas ni hordofa.

(f) Maallaqa sassabamu lakkoofsa herrega baankii dhimma nyaata barattootaa tiif banametti galii akka taù ni taasisa, murtee koree tiin bahii taèe hojii irra akka ooluu ni taasisa, hojii irra oolmaa isaas ni hordofa.

(g) Haala deeggarsi itti sassaabamu irratti manneen hojii mootummaa dhimmi ilaallatuufi qaamolee hojii kana keessatti gahee qabaniif sadarkaa sadarkaan hojii hubannoo ummuu ni hojjata.

(h) Baay'ina barattootaa Biiroo Barnootaa irra dhiyaatu irratti hundaa'uun sagantaa nyaata manneen barnootaaf barbaachisu utuu barri barnootaa hin jalqabamiin qophii ni taasisa.

Kutaa Afraffaa Tumaalee adda- addaa

18. Dirqama Deeggarsa Kennuu

Namni kamiyyuu dhimmoota qajeelfama kana keessatti ibsaman hojirra oolchuuf dirqama qaba.

19. Seerota Haqamanii fi Raawwatinsa Hin Qabne:-

1) Qajeelfamni kun osoo hin bahiin dura Qabeenyi adda addaa hojii gargaarsaa fi deebisanii dhaabuutiif yaadamee walitti qabamee otoo hojii irra hin ooliin hafe akkaataa dambii lakkoofsa 135/2015 ibsameen garaa fandii buusaa gonofaa oromiyaa sadarkaan jiruutti kan darbu ta'a.
2) Maallaqni himannaa komishinii Hoggansa Sodaa Balaa tiin manni murtii murteessee amaanaadhaan moodeela 85 tti qabamee Biiroo ,waajjiraalee Maallaqaa naannoo, godinaa, magaalotaa fi aanaalee irratti argamu akkataa qajeelfama kana keewwata 8, keewata xiqqaa 7, dhimma hojii fandii Buusaa Gonofatiif kan oolu ta'a.
3) Qaajeelfamni ittiin raawwii fandii of eeggannoo lakkoofsa 2/2007 bahe guutummaan haqamee qajeelfama ittin raawwii fandii Buusaa Gonofaa lakkoofsa 3/2015 tiin bakka bu'ee jira.
4) Yeroo barbaachisaa ta'ee argamutti Buusaan Gonofaa Oromiyaa qajeelfama kana fooyyessuu ni dandaa'a.
5) Qajeelfama kana kan faallessu qajeelfamni biraa yoo jiraate seera biratti fudhatama hin qabu.

20. Yeroo Qajeelfamichi Hojirra Oolu

Qajeelfamni Kun sadaasa 08 Bara 2015 irraa eegalee Kan hojiira oolu ta'a.

Finfinnee

Sadaasa 08 /2015

Musxafaa Kadiir

Hoogganaa Buusaa Gonofaa Oromiyaa